Talaallii COVID-19 fudhachuu

Vaccinate WA
CovidVaccineWA.org

Weeraricha dhibee kana ittisuun cimaa ture. Haa ta'u garuu COVID_19 nurraa ittiauu kan danda'an talaalliwwan jiru.

Talaalliwwan kun bilisaan kennamu.

Baasii talaalliwwanii kan danda'u mootummaa federaalati. Talaallii laachudhaaf dhiyessitonnii isin kaffalchiisuu danda'u; haa ta'u garuu, inshuraansin fayyaa uwwisuu ni mala. Kaffalachuu kan hin dandeenye yoo ta'e, dhiyeessitooonni isin kaffalchiisuu dhiisuu malu.

Doosiwwan meeqa akka barbaaddan gaafadhaa.

Talaalliwwan tokko tokkoof garaa garummaa torban sadii hanga afuriitin dooziwwan lama si barbaachisa. Kanneen biroo doozidhuma tokko. Ji'oota lamaa hanga sadii booda doozii dandeettii dhibee ittisuu dabalu isin barbaachisuu mala.

Talaalliwwan lamaanuu nageenyi fi bu'a qabeessummaan isaanii kan mirkanaa'edha.

Talaalliwwwan kun COVID-19 ittisuu irratti dhibbeentaa 94 bu'a qabeessadha. Talaalliwwan hundinuu itti fayyadama balaa tasaa U.S. Food and Drug Administration (FDA, Bulchiinsa Nyaata fi Qoricha U.S) kan raggaasifame yookin hayyameedha—kana jechuun FDA waan rakkoo geessisu hamaa ta'e homaa hin argine.

Namni waggaa 5 fi isaa olii kamiyyuu talaallicha agachuu ni danda'a.

Talaallin COVID-19 namoota Waggaa 5 fi isaa oliitif jira. Namoonni umuriin isaanii waggaa 5 hanga 17 ta'e, talaallii Pfizer-BioNTech qofa argachuu danda'u. Beellama barbaaduf yookin qabachuuf VaccineLocator.doh.wa.gov ilaalaa. 1-800-525-0127 tti bilbiluus dandeessu, itti aansun # tuqaa.Tajaajila hiika afaanitiif, yeroo bilbilli ka'u afaan dubbachuu dandeessan maqaa dhahaa.

Tarii rakkoowwan biroo isinitti dhagahamuu malu.

Akkuma talaalliwwan kan biroo erga talaallii fudhattaniin booda miirri dhukkubbii gateettii, dhagna gubaa, mataa bowwoo yookin bututuu isin mudachuu danda'a. Kunneen mallattoolee talaallichi hojjachuu isaa agarsiisaniidha.

Nageeny keessan eegaa.

Erga talaallii fudhattaniin booda, maaskii keessan godhadhaa, ijjata jaha (meetira lama) nama irraa fagaadhaa, heddummattanii akka walitti hin qabamne.

Gaaffilee? Visit: www.CovidVaccineWA.org

Talaallii COVID-19 Fudhachuu

Talaalliwwan kamtu jiira?

Talaalliwwan garaa garaatu jira.

Talaalliwwan hundinuu itti fayyadama balaa tasaa U.S. Food and Drug Administration (FDA, Bulchiinsa Nyaata fi Qoricha U.S) kan raggaasifame yookin hayyameedha—kana jechuun FDA waan rakkoo geessisu hamaa ta'e homaa hin argine.

COVID-19 dhaaf talaallii argachuu kan qabu eenyu?

Talaallii fudhachuun fedhii keessan irratti hundaa'a. Fudhachuudhaaf yoo murteessitan, garuu immoo kanneen armaan gadii yoo isin irratti argame, qaama talaallii isiniif kennutti himuu qabdu:

- Alarjii cimaan isin mudatee ture yoo ta'e
- Dhaqna gubaa yooo qabaattan
- Rakkina dhangala'uu dhiigaa yo qabaattan yookin waanta dhiiga keessan sirreessu yoo fudhattan
- Rakkina dandeettii dhibee ittisuu dadhabuu yoo qabaattan yookin qoricha sirna dandeetti dhibee ittisuu keessan miidhu fudhataa jirtu yoo ta'e
- Ulfa yoo taatan, ulfa ta'uudhaaf karoora qabdu yoo ta'e yookin harma hoosisaa jirtu yoo ta'e
- Talaallii COVID-19 kan biraa fudhattaniirtu yoo ta'e

Sababa kanaan dura doozii COVID-19 fudhattaniif yookiin qabiyyee talaallicha keessa jiru kamiifuu qaama keessan alarjiin mudateera yoo ta'e, talaallicha fudhachuu hin qabdan.

Talaallichi kan of keessaa qabu talaallicha kan tiksuu fi qaama keessatti akka hojjatu kan gargaaru yoo ta'u qabiyeewwan cimoo ta'an, baattuu RNA (mRNA), yookin adenovirus, faattii, ashaboo fi sukkaara.

Talaallii Pfizer-BioNTech fudhachuu yoo xiqqaate waggaa 5 guutuu qabdu; talaallii Moderna yookin Johnson & Johnson fudhachuuf ammoo waggaa 18 guutuu qabdu.

Fayidaa isaatiin alatti rakkoolee maalii qaba?

Erga talaallichi fudhatmee guyyaa tokko yookin sadi booda fayidaa isaatiin alatti rakkoo biroo talaallichi qabu arguun waanuma jiruudha. Rakkooleen kunneenis dadhabbii, dhukkubbii maashaa harkaa bakka lilmoo warannatanii, qaama gubaa, mataa bowwoo, dhukkubbii bakka qaamni namaa itti wal-qunnamutti, qorrisiisuu, ol-deebisuu. Mallattoon yoo isin dhiisuu dide doktara keessan yookin kilinika qunnamaa.

Erga talaallii fudhattaniin booda bakka sanaa osoo hin bahin daqiiqaa 15 hanga 30 turuu qabdu; sababani isaa alarjiin yookin rakkoon biraa yoo isin mudate, namni talaallii isiniif laate akka isin gargaaruf. Yeroo talaallii eeggatan, rakkoon yoo isin mudateef v-safe galmaa'uu ni dandeessu: vsafe.cdc.gov.

Rakkoo talaallichi geessisu isin yookin qaamni talaallii isiniif laate Mala Gabaasa Yeroo Talaalliin Rakkoo uumuu (Vaccine Adverse Event Reporting System (VAERS) irratti gabaasuu ni dandeessu: vaers.hhs.gov/reportevent.html.

Erga kilinikaa baatanii rakkoon alarjikii yoo isin mudate 911 tti bilbilaa. Maallattooleen alarjikii kan kanneen of keessatti qabata: hafuura baafachuu dadhabuu, fuulli yookin qoonqon keessi bobbokokuu, onneen saffisaan rukutuu, qaama namaa irratti waanti akka shifii saffisaan yaa'uu, loobba'uu fi dadhabbii fa'i.

Ergan talaallii fudheen booda maaltu ta'a?

Talaallii abbaa doozii lamaa yoo fudhattan, doozii lammataa fudhachuudhaaf beellama qabadhaa. Doozii lammataa fudhachuudhaaf torban sadii hanga afurii gidduutti dhufuu qabdu.

Erga talaallii fudhattaniin booda, guutummaatti dhibee isin irraa ittisuuf hanga torbee lamaa fudhachuu danda'a. Dhibee irraa ittifamuun itti fufiinsan akka turuuf ji'oota lamaa hanga jahaa gidduuttii doozii dandeettii dhibee ittisuu dabalu fudhachuun ni gorfama.

Washington State Department of Health

DOH 348-782 December 2021 Oromo

Dookimantii kana foormatii adda biraan ajaaju yoo barbaadan, bilbilaa 1-800-525-0127. Maammiltootni dhaga'uu irratti rakkoo qabdan yookiin dhaga'u hin dandeenye, kana irratti bilbila 711 (Washington Relay) yookiin Imeeyilii erga civil.rights@doh.wa.gov.